1

Hedduun namaa ufiif nama biroo jeequu, maallummaa Yesuus qajeelatti hin beeku.

Mee namoonni Yesuus gooftaadha jettan gaafiiwwan muraasa tanniin deebistanii?

Kutaa 1ffaa

Yesuus ilma namaati moo ilma Waaqaati?

Yesuus nama moo Waaqa?

Yesuus nama ta'uu fi ilma namaa ta'uu namni shakku ni jiraa ⁉

Mee worroonni Yesuus nama yookaa ilma namaa ta'uu shakkii qaban ragaawwan armaan gadii kanaan maal jedhu laata? ↴

1⃣ ↪ **Maatewos 17:22** " Bartoonni Galiilaatti Yesus biratti walitti qabamnaan **Yesus, "Ilmi namaa** harka namootaatti dabarfamee in kennama."

2⃣ ↪ **Luqaas 12:8** "Ani isinittan hima, eenyu illee namoota duratti eenyu akkan ta'e dhugaa ba'ee yoo mul'ise, **anis ilmi namaa** ergamoota Waaqayyoo duratti akkasuma dhugaa nan ba'aaf."

3⃣ ↪ **Hojii Ergamootaa 2:22** "Isin yaa warra Israa'el, dubbii kana dhaggeeffadhaa, Waaqayyo harka **Yesus nama Naazireet** kanaan, hojii aangoo isaa, dinqiidhaa fi milikkita garaa garaa kan isin beektan, isin gidduutti hojjechuu isaatiin fudhatamaa isa godhe."

2

Qabxiiwwan asii olii irraa wonti hubannu:-

1ffaa- Yesuus **ilma namaati** jechuun **nama** jechuu akka ta'ee fi Yesuus nama jechuun ilma namaa jechuu akka ta'e ifatti nuuf ibsa.

2ffaa- Yesuus nama ta'uu fi ilma namaallee ta'uu amanaa, ammoo waaqalle yookaa ilma Waaqaatille jedhee namni yaadu, nama Yesuusiin yookaa Waaqa dhabama irraa isa argamsiise akka gaararraatti fakkeessu ta.a. Maaliif yoo jedhame Yesuus haalli isaa waan dhaabbata tokkoo mitii ni jijjirama yookaa Waaqni waan haala tokko irratti ta'uu mitii ni geeddaramaa jedhee worra yaadu qofatu waan kana dubbata. Wonti dinqii ammo worroota akkasitti dubbatu saniin osoo Waaqni akka gaararraa geeddaramaa jettee gaafatte hin fudhatan garuu Yesuus namalle Yeroo garii Waaqalle jedhanii dubbatu. Kanaafuu gaafiin gabaabduun nuti gaafannu:- Yesuusii nama turetuu Waaqatti geeddarame moo? Moo Waaquma dura Waaqa turetuu namatti geeddarame laata?

Mee ragaawwan asii gadii haa laalluu

1 ↪ **Macaafa Hose'aa Raajichaa 11:9** " Ani dheekkamsa koo isa boba'aa gad hin dhiisu, deebi'ee Efreemin hin balleessu; **#ani #Waaqayyoodha #malee, #nama #miti**; ani isa qulqulluu si gidduu jiruu dha, ani ija aariitiin hin dhufu."

2 ↪ **Macaafa Milkiyaas Raajichaa 3:6** " Itti fufees, "#Ani #Waaqayyo #waanan #ta'eef,**hingeddaramu**; kanaaf yaa ilmaan Yaaqoob isin raawwattanii hin badne."

3

Dhugaan jirtu, namni Waaqaa hin ta'uu, Waaqnille nama hin ta'u. Sababni isaallee **Waaqni waan hin geeddaramneef.**

Kanaafuu, Yesuus namaa fi ilma namaati malee, Waaqallee miti ilma Waaqaatiillee miti jechu.

Kutaa 2ffaa

Yesuus garbicha Waaqaati moo ilma Waaqaati?

Yesuus hojjataa Waaqaati moo Waaqa?

Yesuus garbicha Waaqaa ta'uu namni shakku ni jiraa?

Mee worrooni Yesuus garbicha (hojjataa) Waaqaa ta'uu shakkan ragaawwan asii gadii kanaan maal jedhu laata? ↴

1 ↪ **Hojii Ergamootaa 3:13** " Isin, Yesusin Philaaxositti dabarsitanii laattan; yeroo inni isa gad dhiisuuf murtoo godhettis, fuula yaa'ii isaa dura dhaabattanii isa gantan; Waaqayyo inni kan Abrahaam kan Yisihaq kan Yaaqoobis, Waaqayyo abaabilii keenyaa, garuu **hojjetaa isaa** kana ol ol qabeera."

2 ↪ **Maatewos 12:18** " innis, "Ilaa **hojjetaa koo** isa ani fo'adhe,isa jaallatamaa kan koo tii,isa lubbuun koo itti gammade;hafuura koo isa irra nan bulcha,inni saba hundumaaf firdii qajeelaa in labsa."

3 ↪ Macaafa Isaayaas Raajichaa 42:1 "Waaqayyo itti fufee, "Kunoo, **garbichi koo** inni ani ol ol qabu, inni ani fo'adhe, inni ani jaalladhu isa kana! Ani hafuura koo isaaf kenneera, inni firdii qajeelaa saba lafa irraatiif in baasa;"

Qabxii ijoo ragaawwan armaan olii 3 irraa argannu:-

1ffaa- '**Garbicha**' jecha jedhu jecha **'hojjata'** jedhuun akka bakka buufamuu danda'u hubanna. Kanaafu **'Yesuusiin hojjeta Waaqaa' jechi** jedhu, jecha '**Yesuus garbicha Waaqaa' jedhu** akka argisiisu nuuf hima.

Fkn ragaa Macaafa Isaayaas Raajichaa 42:1 ..... garbicha... jedhe ibsa.Maatewos 12:18 irratti ammoo ..... hojjetaa .... jedhee ibsee jechu.

2ffaa- Yesuus Garbicha Waaqaa ka Waaqni ergaa isaa akka Worra Israa'eliitti geessuuf ergate, ka ajaja Rabbii bakkaan gahuuf dhufe yookaa hojjatuuf dhufe yookaa raawwatuuf dhufe malee akka Waaqa yookaa Ilma Waaqaa hin taane hubanna jechu.

Namni Yesuus garbicha Waaqaatii mitii yookaa hojjetaa Waaqaatii mitii jedhee mormu kamuu ragaawwan asii olitti argaman hunduu kijibaa worra jedhee mormuu jechu.

Worroonni ragaa kitaaba isaanii keessattuu argamu hin dhugoomsine, wonti isaan hordofaa jiran seera kitaaba isaaniituu akka hin taane ifa bahaadha.

Kanaafuu Yesuus garbicha (hojjataa) Waaqaati malee ilma Waaqaa yookaa Waaqallee miti.

Kutaa 3ffaa

Yesuusiin **Waaqatu isa ergate** moo **ofiin dhufe** laata?

Yesuus Ergamaa Waaqaati moo ergamaa Waaqaatii miti?

Ergamaa Waaqaatiin Waaqa jechuun hoo danda'amaa?

Worroonni Yesuus Ergamaa ta'uu shakkan, sila dubbii tamiin mormu?

Yesuusiin Waaqni isa hin ergine jedhanii mormuu barbaadan moo? Nama ana Waaqatu na ergee dhufe jedheen ati ergamaa Waaqaatii mitii jedhanii mormuu barbaadan moo ? Jechootuma Macaafa Qulqulluu isaan ni hordofna jedhanii dubbatan keessatti argamuu hunda hin dhugoomsinu cinaan kijiba jechuu barbaadanii laata?

Yesuus Ergamaa Rabbii ta'uu namoota shakkaniif ragaan :

1 ↪Yohannis 7:33 " Yesus yeroo sanatti, "Egaa ani yeroo gabaabduu duwwaadhaaf isin biran jira; kana booddee gara **isa ana ergee** nan dhaqa."

2 ↪ Yohannis 7:28 " Isa irratti Yesus utuu mana qulqullummaa keessatti barsiisuu sagalee isaa ol fudhatee, "Dhuguma ana beektu, nama eessaa akkan ta'es in beektu. **Ofiin hin dhufne,inni ana erge jira**; inni amanamaa dha, isin immoo isa hin beektan."

3 ↪ Ibroota 3:1 " Kanaafis yaa obboloota Waaqayyoof qulqullooftanii, waamicha isa waaqa irraa keessaa hirmaattanii, **Yesusin ergamaa** fi angafa lubootaa, isa amantii keenyaan beeksifnu yaadadhaa!"

Yesuus akkuma Rabbiin isa erguun shakkii hin qabne, kaayoon inni ergameefillee ergaa Rabbii geessuu qofa akka ta'e shakkii akka hin qabne yoo beekuu barbaaddan ragaa **Yohannis 5:30 fi Yohannis 4:34** irratti argamu dubbisaa

4 ↪ Yohannis 5:30 " Yesus itti dabalee, "Ani humna kootiin homaa gochuu hin danda'u; abbaa koo irraa akkan dhaga'etti nan farada; firdiin ani faradus qajeelaa dha. Anoo yaada koo duukaa bu'uu hin barbaadu, **'yaada isa ana ergee duukaan bu'a** malee."

5 ↪ Yohannis 4:34 " Yesus immoo, "Nyaanni kan koo jaalala **isa na ergee** gochuudhaaf hojii isaa raawwachuu dha. "

Yesuus Ergamaa Rabbiiti jedhanii beekuu fi amanuun dirqama. Sababni isaa nama Yesuus ergamaa ta'uu amane qofatuu Jannata Rabbii argata waan ta'eef jecha. Ragaan jecha kanaallee Yohannis 5:24 fi Yohannis 17:3 ta'aa jechu.

6 ↪ Yohannis 5:24 "Dhuguma, dhuguman isinitti hima, dubbii koo dhaga'ee isa ana ergetti kan amanu jireenya bara baraa qaba; inni du'a keessaa gara jireenyaatti darbee malee, gara firdii hin dhaqu."

7 ↪ Yohannis 17:3 " Waaqayyo isa tokkicha, isa dhugaa, Yesus Kiristosin isa ati ergites beekuun isaanii jireenya bara baraa ti."

Akkuma wolii galaatti qabxiiwwan ijoon kutaa 3ffaa irraa nuti hubannu:-

1ffaa- Yesuus ofiin ka dhufe osoo hin taane akka Waaqni isa ergate.

2ffaa - Yesuusiin Waaqni ergate kunis Ergamaa Waaqaa akka jedhamu.

3ffaa- Yesuusiin Waaqni wonti isa ergateef, akka fedhii ofii isaa raawwatuuf osoo hin taane, akka ergaa Waaqaa ummata Israa'eliitiin gahuuf ta'uu.

4ffaa- Namni jireenna bara baraa kan argatuu danda'uun Yesuusiin ilma Waaqaa jedhee yookaa Waaqa jedhee osoo hin taane, Waaqa tokkocha isa dhugaa isa Yesuusiin erge beekuu fi Yesuus ergamaa Waaqaa ta'uu beekuun akka ta'e hubannaa jechu

Kutaa 4ffaa

Yesuus eenyuuf ergame?

Yesuus nuyiif ergamee jedhanii worroonni yaadan, mee gaafii kanaaf deebii maal qabu laata?

Isaantu worroota Israa'eliiti moo? Israa'el jechutuu Addunyaa guutuu jechuudha moo? Jecha Yesuusii kan **Maatewos 15:24** keessatti dubbate kijiba jedhaa jiran laata?

Maatewos 15:22-24 Kunoo, dubartiin Kana'aan tokko naanna'aa biyya sanaatii dhuftee sagalee guddaadhaan, "Ilma Daawit, gooftaa koo! Intalli koo hafuura hamaadhaan qabamtee jirti, anaaf maari!" jette.

Yesus garuu sagalee tokko iyyuu isheef hin deebifne. Bartoonni isaa yommus gara isaa dhufanii, "Ishee nu booddeedhaa iyyaa adeemtu kana, waan isheen barbaaddu godhiifii of biraa deebisi!" jedhaniin. "Inni immoo deebisee, "**Ani warra akka hoolotaa karaa irraa goranii mana Israa'elii badan duwwaaf malee hinergamne" jedheen."** እነሆም፥ ከነናዊት ሴት ከዚያ አገር ወጥታ። ጌታ

ሆይ፥ የዳዊት ልጅ፥ ማረኝ፤ ልጄን ጋኔን ክፉኛ ይዞአታል ብላ ጮኸች።እርሱ ግን አንዳች አልመለሰላትም። ደቀ መዛሙርቱም ቀርበው። በኋላችን ትጮኻለችና አሰናብታት እያሉ ለመኑት። እርሱም መልሶ። **ከእስራኤል ቤት ለጠፉት በጎች በቀር አልተላክሁም** አለ።

Qabxiiwwan ijoon asi biratti hubatamuu qabu

1ffaa- Yesuus dubartii Kana'aan maaf ofirraa ari'e? Ani warra akka hoolotaa karaa irraa goranii mana Israa'eelii badan duwwaf malee hin ergamne maaf jedhe? Yoo akka namoonni tokko tokko yaadanitti Yesuus addunyaaf ergame, dubartiin biyyi Kana'aan maaf keessaa hafte? Moo Yesuustu haqa dabsee nama ija qixaatiin hin tajaajille saniif akkas jedhe jechuu hedu?

Dabalataanis worroonni **Israa'el jechuun Adduniyaa hundaa** jechutti yaadan, yoo dhugama Israa'el jechuun Addunyaa jechuu taate, hordoftoota isaa maaf **Mandara warra #Saamaariyaa fi kara #saba #Waaqayoo** hin ta'inii irra goraa jedha? sunniin Addunyaa keessatti hin laakkahamanii? Mee dubbii Maatewos 10:5-6 jiru wojjiin haa dubbisnuu!

Maatewos 10:5-6 Isaan kudha lamaan kana Yesus ergee, "Karaa #saba #Waaqayyoo warra hin ta'initti isin geessu irra hin gorinaa, mandara warra Samaariyaa tokko illees hin lixinaa! Kanaa mannaa gara warra akka hoolotaa karaa irraa goranii **mana Israa'elii badanii dhaqaa!**

እነዚህን አሥራ ሁለቱን ኢየሱስ ላካቸው፥ አዘዛቸውም፥ እንዲህም አለ። በአሕዛብ መንገድ አትሂዱ፥ ወደ ሳምራውያንም ከተማ አትግቡ፤ ይልቅስ **የእስራኤል ቤት ወደሚሆኑ ወደ ጠፉት በጎች ሂዱ እንጂ።**

Akkuma wolii galaatti kutaa 4ffaa baruumsa keennaa irraa qabxiiwwan ijoon nuti fudhannu:-

1ffaa- Yesuus ifatti mana Israa'elii duwwaaf ergame tahuu.

2ffaa- sababa Yesuus warra Israa'elii duwwaaf ergameef dubartii biyya Kana'aan osoo isheen itti boottu ufirraa deebisuu isaa.

3ffaa- sababa Yesuus warra Israa'eli duwwaaf ergameef jecha Hordoftoota Isaallee biyya biroo irraa goranii akka warra Israa'elii duwwaa deeman ajajuu isaa (Yesuus) hubannaa jechu.

Kutaa 5ffaa

Raajiiwwan Yesuus hojjate, Yesuusimatu dandeettii ufiitiin hojjatee?

Yesuus raajiiwwaan gara garaa wonti hojjateef maaliif? Akka namni isaan gooftaa jedhuuf moo akka namni Inni ergamaa dhugaa ta'uu beekuuf?

Namoonni Yesuusiin Yeroon inni raajiiwwaan gara garaa hojjatu Waaqa isaan jedhanii isaa ragaa bahaa turan moo Nabiyyi Jedhanii isaa ragaa bahaa turan?

Gaafii Raajiiwwan Yesuus hojjate eennutu hojjate jedhu deebii quubsaa argachuuf Hojii Ergamtootaa 2:22 mee haa ilaalluu

Hojii Ergamootaa 2:22 "Isin yaa warra Israa'el, dubbii kana dhaggeeffadhaa, **Waaqayyo harka Yesus nama Naazireet** kanaan, hojii aangoo isaa, dinqiidhaa fi milikkita garaa garaa kan isin beektan, isin gidduutti hojjechuu isaatiin fudhatamaa isa godhe." የሐዋርያት ሥራ 2:22 የእስራኤል ሰዎች ሆይ፥ ይህን ቃል ስሙ፤ ራሳችሁ እንደምታውቁ፥ **የናዝሬቱ ኢየሱስ እግዚአብሔር በመካከላችሁ በእርሱ በኩል ባደረገው** ተአምራትና በድንቆች በምልክቶችም ከእግዚአብሔር ዘንድ ለእናንተ የተገለጠ ሰው ነበረ፤

Ragaa kana irraa wonti nuti hubannu:-

1ffaa- hojii aangoo, dinqiiwwaanii fi milikkita gara garaa kan hojjate Waaqa malee Yesuusii miti. Kanaafuu Waaqatuu harka Yesuusiin raajiiwwan gara garaa hojjatee jechu.

2ffaa- sababni Waaqni harka Yesuusiin milikkita gara garaa hojjatuuf akka Yesuus fudhatama nama biratti argatuuf. Yesuus fudhatama argatuu Yeroo jennu Waaqumman yookaa ilma Waaqaa ta'uun osoo hin taane Ergamaa yookaa Nabiyyii Waaqaa ta'uu akka namni beekuuf jechuudha. Ragaawwan kanaallee Yohannis 9:17, Maatewos 21:11 fi Luqaas 24:19 keessatti ibsamee jira.

1ffaa- የዮሐንስ ወንጌል 9:17 በመካከላቸውም መለያየት ሆነ። ከዚህም የተነሣ ዕውሩን። አንተ ዓይኖችህን ስለ ከፈተ ስለ እርሱ ምን ትላለህ? ደግሞ አሉት። እርሱም። **ነቢይ** ነው አለ። John 9:17. They say unto the blind man again, What sayest thou of him, that he hath opened thine eyes? He said, He is **a prophet**.

↪ **Yohannis 9:17** " Kana booddee warri Fariisotaa namicha isa jaamaa ture sanaan, "Waa'ee isa ija kee siif bane kanaa maal jetta?" jedhan; yommus namichi, "Inni **raajiidha (Nabiyyi)** " jedhee deebiseef."

2ffaa- Matthew 21:11 ሕዝቡም። ይህ ከገሊላ ናዝሬት የመጣ **ነቢዩ** ኢየሱስ ነው አሉ።

↪ **Matthew 21:11**. And the multitude said, This is #Jesus the **prophet** of Nazareth of Galilee.

Maatewos 21:11 " Tuuti isaa wajjin adeemus, "Kun **raajicha (Nabiyyi)** Yesus nama Naazireet kutaa biyya Galiilaa ti" jedhee deebise."

3ffaa- የሉቃስ ወንጌል 24:19 □□እርሱም። ይህ ምንድር ነው? አላቸው። እነርሱም እንዲህ አሉት። በእግዚአብሔርና በሕዝቡ ሁሉ ፊት በሥራና በቃል **ብርቱ ነቢይ** ስለ **ነበረው** ስለ ናዝሬቱ ስለ ኢየሱስ፤

Luqaas 24:19 " Inni, "Waan attamii ti?" isaaniin jennaan, isaan immoo, "Waa'ee Yesus nama Naazireet, isa gochatti dubbiittis Waaqayyoo fi namoota duratti **raajii (Nabiyyi)** aango-qabeessa ture sana,"

Qabxiiwwan ijoon ragaawwan asii olii irraa hubannu:-

1ffaa- Raajiiwwan Yesuus hojjate, Yesuus dandeettii isaatiin kan hojjate osoo hin taane, akka Rabbiin waan kamuu danda'aa ta'e akka hojjate ibsa.

2ffaa - Waaqni milikkita gara garaa kan hojjateef, akka Yesuus fudhatama argatu isa taasisuu isaa muldhisa.

3ffaa- Yesuus milikkita gara garaa yookaa raajiiwwaan inni hojjateen fudhatama argatuun akka inni Nabiyyi (raajii) ta'e Worroonni Yesuusiin argan ragaa bahuu isaanii ifa taasisa.

4ffaa- Yesuus Afaan Amaariffatiin ነቢይ, Afaan Ingliffaatiin prophet kan jedhamu Afaan Oromootiin raajii jedhanii hiikuun isaanii, hiikaa qajeela hin taanetti hiikani. Nabiyyi ta'uu Yesuus waakkatuuf jecha tooftaa diriirfame fi shira xaxame ta'u isaa ifatti mirkaneessa. Yesuusiin waan inni qabu irraa mulquu fi waan inni hin qabne isaa kennuun tooftaa worra haqa Rabbii dhoksuu ta'uu ifatti namaaf muldhisaa jechu.

Kutaa 6ffaa

Eddoon Yesuus ani Waaqaa na Waaqefadhaa jireenna bara baraa (Jannata) argattanii itti jedhe jiraa?

Akka Yesuus barsiisaa turetti worri mootummaa Waaqaa argatu nama Yesuusiin gooftaa jedhe moo nama ajaja Waaqaa raawate?

Worroonni/Namoonni osoo yesuus na waaqeffadhaa(nagabbaraa) hin jenne isa waaqeffatanii isaa abbomna jedhanii badhaasa moo adabbituu isaan eeggata laata?

Yesuus maqaa kiyyaan raajii dubbadhaa, hojii aangoo hojjadhaa, akkasumas maqaa kiyyaan hafuurota hamoota baasaa jedhee barsiisee jiraa?

Worroonni/ Namoonni maqaa Yesuusiin waan Yesuus hin ajajin hojjatan maqaa Yesuusiin daldalan, ka ammoo Yesuus guyyaa Qiyaamaa jallatoo ta'uu isaaniitti ragaa bahu eennu beektuu? Worrota Muslimaatii moo? Worroota Kiristaanaati? Mee gaafiiwwan asii olii hunda isaatuu ragaadhaan haa ilaallu

I. Eddoon Yesuus afaan isaatiin ani Waaqaa na Waaqefadha jireenna bara baraa (Jannata) argattanii jedhe jiraa? Gaafii jedhuuf deebiin isaa Maatewos 15:8-9 keessatti arganna

↪ **Maatewos 15:8-9** "'Sabni kun afaan isaatiin ulfinaa naaf kenna,garaan isaa garuu baay'ee anattii fagoo dha;"

"**ana waaqessuun isaanii akkasumaan, abboommii namaa akka seera Waaqayyootti barsiisu isa jedhe** ba'eessa dubbate" jedhe." 15:8-9 ይህ ሕዝብ በከንፈሩ ያከብረኛል፥ ልቡ ግን ከእኔ በጣም የራቀ ነው፤ **የሰውም ሥርዓት የሆነ ትምህርት እያስተማሩ በከንቱ ያመልኩኛል** ብሎ በእውነት ትንቢት ተናገረ።

Qabxiin ijoon **Maatewos 15:8-9** irraa hubannu, Yesuus afaan isaatiin na Waaqefadhaa Jannata argattanii osoo hin taane:-

1ffaa- Namni Yesuus waaqessuu namaa seeera nama fudhate (ajaja nama hordofu) malee nama seera Waaqaa hordofuu miti isaaniin jechuu isaa hubanna.

2ffaa- Namni Yesuus waaqessu nama afaaniin Yesuusiin jaalanna jedhu kan immoo garaan isaa Yesuus irraa fagaata ta'e jechu. Nama Yesuusiin irraa garaan isaa fagoo jechuunis nama barsiisa Yesuus irraa fagoo yookaa worroota haqa Rabbii irraa fagaate jechuudha.

3ffaa- Namni Yesuusiin waaqessuu nama akkasumaan galata wohii barbaaduu malee bilaasha Yesuusiin waaqessu. Nama dalagaa mindaa hin qabne worra ifaajee hoongoo ifaajuu isaaniin jedhe.

II. Akka Yesuus barsiisaa turetti Worroonni mootummaa Waaqaa argatu nama Yesuusiin goofta jedhe moo nama ajaja Waaqa raawate?

III. Worroonni/ Namoonni osoo Yesuus ana Waaqeffadhaa (ana gabbaraa) hin jennee isa Waaqeffatanii isaa abboomna jedhan badhaasa moo adabbituu isaan eeggata laata? Gaafiiwwan jedhuuf deebiin isaa **Maatewos 7:21** keessatti ifattii kaayamee jira.

↪ **Maatewos 7:21** " Yesus, "**Jaalala abbaa koo isa waaqa irraa nama hojjetutu mootummaa waaqaatti gala malee**, namni, 'Yaa gooftaa, yaa gooftaa' naan jechuu (duwwaadhaan?) itti gala miti." 7:21 **በሰማያት ያለውን የአባቴን ፈቃድ የሚያደርግ እንጂ፥ ጌታ ሆይ፥ ጌታ ሆይ፥ የሚለኝ ሁሉ መንግሥተ ሰማያት የሚገባ አይደለም።**

Qabxiiwwan ijoon Maatewos 7:21 irraa hubannu:-

1ffaa- Namni mootummaa Waaqaa (Jannata Rabbii) barbaadu, jaalala abbaa (ajaja Rabbii) hojjatuu qofaan argata.

2ffaa- Namni ajaja Rabbii hojjatuu dhiisee Yesuusiin gooftaa jedhu kamuu Mootummaa Waaqaa (Jannata Rabbii) hin seenu.

3ffaa- 'duwwaadhaan' jechi jedhu jecha afaan Oromoo irratti dabalame malee, lugaawwaan biroo keessa hin jirre, tooftaa worri haqa faalu Yesuusiin maalummaa isaa dhoksuuf (Yesuus goofta jedhanii ibsuuf) fayyadaman ta'uu ibsa.

IV. Yesuus maqaa kiyyaan raajii dubadhaa, hojii aangoo hojjadhaa, akkasumas maqaa kiyyaan hafuura hamootaa baasaa jedhee barsiisee jiraa?

V. Worroonni/ Namoonni maqaa Yesuusiin waan Yesuus hin ajajin hojjatanii maqaa Yesuusiin daldalan, kan immoo Yesuus guyyaa Qiyaamaa jallatoo ta'uu isaanitti ragaa bahu eennu beektuu? Worroota Muslimaati moo worroota Kiristaanaati? Gaafiiwwan jedhuuf deebiin Maatewos 7:22-23 keessatti argama:-

↪ **Maatewos 7:22-23** " Guyyaa isa dhumaa sanatti namoonni baay'een, **'Yaa gooftaa, yaa gooftaa,** nuti maqaa keetiin raajii dubbanneerra, maqaa keetiin hafuurota hamoota baafneerra, hojii aangoos maqaa keetiin baay'ee hojjenneerra mitii?' anaan jedhu." **Ani immoo yeroo sanatti, 'Matumaa ani isin hinbeeku, isin yaa warra hamaa hojjettanii, ija koo duraa badaa!'** jedheen (mul'inatti isaanitti hima?) jedhe." 7:22-23 በዚያ ቀን ብዙዎች። ጌታ ሆይ፥ ጌታ ሆይ፥ በስምህ ትንቢት አልተናገርንምን፥ በስምህስ አጋንንትን አላወጣንምን፥ በስምህስ ብዙ ተአምራትን አላደረግንምን? **ይሉኛል።የዚያን ጊዜም። ከቶአላወቅኋችሁም፤ እናንተ ዓመፀኞች፥ ከእኔ ራቁ ብዬ እመሰክርባቸዋለሁ።**

Qabxiiwwan ijoon Maatewos 7:22-23 irraa hubannu:-

1ffaa- Worroonni maqaa Yesuusiin raajii dubbanna jedhu, maqaa Yesuusiin hafuura hamootaa baasna jedhu, maqaa Yesuusiin hojii aangoo hojjannaa jedhu hundi **worra Yesuus isaan waakkatu.** Worroota Yesuus isaan waakkatu jechuun, worrota dalaggaan isaan dalagan barsiisaa fi ajaja Yesuusiin ala ta'ee jechu. Wonti Yesuus hin barsiisinii fi hin ajajin maaliidhaa yoo jettaan Yesuus gooftaa naan jedhaa jedhee hin barsiifne, akkasumas Yesuus maqaa kiyyaan hafuura hamootaa baasaa, raajii dubbadhaa wolumaa galatti maqaa kiyyan daldala banadhaa jedhee hin ajajne jechu.

2ffaa- Worroonni Yesuus isaani waakkatu sunniinillee Muslimootaa miti. Sababni isaallee Muslimni **Yesuusiin gooftaa hin jedhu** (Yesuus Ergamaa Rabbiiti jedha)

Muslimni maqaa Yesuusiitin hafuura hamootaa baasna, raajii hojjanna waan hin jenneef jecha. Kanaafuu worroonni Yesuus isaan waakkatu worroota Kiristaanaati.

Sababni isaallee kiristaanni Yesuusiin gooftaa jedhu waan ta'eef akkasumas worroonni maqaa Yesuusiin raajii hojjanna jedhu, hafuura hamootaa baasna jedhu waan Kiristaana ta'eef jecha.

3ffaa- Worroonni/ Namoonni Yesuusiin gooftaa jedhu, kan maqaa Yesuusiin raajii hojjanna jedhu, kan maqaa Yesuusiin hafuura hamootaa baasna jedhu, kan maqaa Yesuusiin hojii aangoo hojjannaa jedhu hundi namoota Yesuus isaan argaa jibbu worra hamaa (diddoota) ta'uu nuuf ibsa. Worroota Yesuus isaan arga jibbu jechuun worraa waan Yesuus hin barsiifnee fi hin ajajne

dalagu, worra dhugaa dhiisee badii hojjatu worra hamaa (haqa diddoota) jechuudha.

4ffaa- Yesuus maqaa kiyyaan hafuura hamootaa baasaa jedhee ajaajuu akka hin dandeennee fi innuu hafuura Waaqaatiin (fedhii Rabbiitiin) akka baasaa ture Maatewos 12:28 nuuf addeessa.

Maatewos 12:28 Ani garuu **hafuura Waaqayyootiin** hafuurota hamoota kanan baasu erga ta'ee, mootummaan Waaqayyoo isin irratti dhufeera.❞

Kanaafuu Yesuusii hafuura Waaqaatiin hafuura hamootaa baasetu sirriidha moo worroota maqaa Yesuusiin hafuura ni baafnaa jedhee dubbatu sirri? Yesuus osoo ufitti aangoo fi dandeettii qabaatee hafuura Waaqaatti hin hajamu. Kanaafuu Waaqaa Yesuus qarqaarsifate san qarqaarsifatanii waa hojjatuu qofatu qajeelluma malee kan kanaan alaa kamuu jallinna ta'uu ifatti mulisaa jechu.

Kutaa 7ffaa

Fayyisaan dhugaa Waaqa moo Yesuus?

Dogongorri kan kitaaba (Macaafa Qulqulluu) ti moo kan worra kitaaba hordofna jedhuuti laata?

Kitaabni kan jedhu, fayyisaan Waaqa, kan rakkoo kamuu nama irraa furuu danda'u jedha.

Worroonni amantii Kiristaanaa ni hordofnaa ufiin jedhan ammoo dubbiin kitaabaa sirrii mitii fayyisaan Waaqaa osoo hin taane Yesuus jedhu. Kanaafuu eenyutuu dogongore haa jennu?

Mee ragaawwan armaan gadii 3n wojjiin haa dubbisnuu:-

↪ **Ibroota 5:7** " Yesus biyya lafaa kana irra yeroo jiraachaa turetti, sagalee guddaadhaan **imimmaaniin, kadhataa fi waammata gara isa du'a #isa oolchuu danda'uutti** dhi'eesse ; sababii inni **ulfina Waaqayyoof gad of deebisee**, isatti of kennateefis, kadhanni isaa in dhaga'ameef." (Yesuus) ወደ ዕብራውያን 5:7 እርሱም በስጋው ወራት **ከሞት ሊያድነው ወደሚችል** ኩብርቱ ጩኸትና ከእንባ ጋር ጸሎትንና ምልጃን አቀረበ፥ እግዚአብሔርንም ስለ መፍራቱ ተሰማለት፤

2 ↪ Yohannis 12:27 "Yesus itti fufee, "Amma lubbuun koo dhiphatteetti; egaa, Yaa abbaa yeroottii kana **na oolchi**!' jedhu moo ree? Garuu sababiidhuma kanaaf ani immoo gara yerottii kanaa dhufe." የዮሐንስ ወንጌል 12:27 አሁን ነፍሴ ታውካለች ምንስ እላለሁ? **አባት ሆይ፥ ከዚህ ሰዓት አድነኝ።** ነገር ግን ስለዚህ ወደዚህ ሰዓት መጣሁ።

3 ↪ Macaafa Isaayaas Raajichaa 43:10-11 Waaqayyo, "Yaa saba nana, isin dhuga-baatuu koo ti, garbichi ani fo'adhes isinuma, isin akka beektaniif akka amantanitti, isa kana kan godhe ana Waaqayyo akka ta'e akka hubattanitti**, ana dura Waaqayyo kan biraa hin turre, ana booddees Waaqayyo kan biraa hin jiraatu. Ana duwwaatu Waaqayyoodha, ana malee fayyisaan kan biraa hinjiru.** ትንቢተ ኢሳይያስ 43:10፤ ታውቁና ታምኑብኝ ዘንድ እኔም እንደሆንሁ ታስተውሉ ዘንድ፥ እናንተ የመረጥሁትም ባሪያዬ ምስክሮቼ ናችሁ ይላል እግዚአብሔር፤ **ከእኔ በፊት አምላክ አልተሠራም ከእኔም በኋላ አይሆንም። እኔ፥ እኔ እግዚአብሔር ነኝ፥ ከእኔ ሌላም #የሚያድን የለም።**

Qabxiiwwan ijoon nuti ragaawwan asii olitti dhiyaatan 3n irraa hubannu:-

1ffaa- Yesuus nama fayyiisuuf dandeettii fi aangoo tokkollee akka hin qabne, inumaayyuu Rabbii waa hunda irratti dandeetti qabuuf booyichaan akka du'a isa oolchuuf Rabbii

fayyisuus ta'ee du'a oolchu dandeetti qabu kadhataa yookaa waamataa akka ture ifatti muldhisa.

2ffaa- Yesuus sababa inni aangoo fi dandeettiin hundi kan Rabbii ta'uu beekuuf Rabbii isaatiif of gad deebisee Rabbitti of kennee imimaaniin isa kadhateef Rabbiinillee isaa awwaatu mudhisa.

3ffaa- Rabbiin fayyisaan dhugaa isa jalqabaa kan wonti tokkoo isa dura hin turin, akkasumas isa xumuraa kan wonti tokkoo isa booda hin taane san ta'uu mirkaneessa. Waaqni fayyisaan dhugaa sun kan waa hundaa fayyisu kan Yesuusiinillee fayyise ta'uu nuuf addeessa.

4ffaa. Akkuma wolii galaatti worroonni Yesuus fayyisaadhaa jedhanii dhaadatan, Yesuus ufiifuu gaafa rakkatu akka Rabbiin (Waaqni) waan hundaa danda'u rakkoo Isa oolchuuf (isa fayyisuuf) akka isaa birmatuuf kadhataa turuu fi dabalataanis Waaqni ana malee fayyisaan biroo hin jiru jedhee jira. Kanaafuu yoo dubbiin Macaafa Isaayaas Raajichaa 43:10-11 sirrii mitii, yookaa dubbiin Waaqni dubbate sirrii mitii jechuu taate malee, Fayyisaan dhugaa kan Yesuusii fi uumama hundaatuu Waaqa qofa ta'uu beektanii Yesuus fayyisa jechi jedhu dubbii sirrii akka hin taane ifatti mirkaneefattuu jechu.

Kutaa 8ffaa

Waaqni ati waaqeffattu (gabbartu) Waaqa qaba moo hin qabu?

Waaqni Gooftaa yookaa Waaqaa isaa olii ni qabaata jettee yaadda?

Waaqni mootii waa hundaa ta'e Waaqaa isaa olii yooka Gooftaa isaa olii qaba osoo siin jedhanii sammuun kee si fudhataa?

Yesuus Waaqa qabaatuu ammoo namni shakku jiraa?

Yesuus gaafa dachii tana gubbaa turee fi gaafa gara samiitti ol bahellee akka Waaqa (Rabbiin) qabu fi Waaqni ammoo akka Waaqaa (Rabbiin) hin qabne beektuu?

Mee gaafiiwwaan asii olitti argamaniif deebii quubsaa argachuuf ragaawwan asii gadii haa ilaalluu:-

1- Yohannis 20:17 " Yesus immoo, "Ana hin qabin! Ani amma iyyuu gara abbaatti ol hin baane; gara obboloota koo dhaqii, 'Ani gara abbaa kootii fi abbaa keessaniitti, **gara Waaqayyo kootii** fi Waaqayyo keessanitti ol nan ba'a' jedhii isaanitti anaaf himi!" jedhee ishee abboome."

የዮሐንስ ወንጌል 20:17 ኢየሱስም። ገና ወደ አባቴ አላረግሁምና አትንኪኝ፤ ነገር ግን ወደ ወንድሞቼ ሄደሽ። እኔ ወደ አባቴና ወደ **አባታችሁ ወደአምላኬና** ወደ አምላካችሁ ዓርጋለሁ ብለሽ ንገሪአቸው አላት።

2- Maarqoos 12:29 " Yesus deebisee, "Inni hundumaa irra caalu, 'Dhaga'i, yaa Israa'el! **Gooftichi Waaqayyo keenya kophaa isaa gooftaa dha.** " የማርቆስ ወንጌል 12:29 ኢየሱስም መልሶ እንዲህ አለው። ከትእዛዛቱ ሁሉ ፊተኛይቱ። እስራኤል ሆይ፥ ስማ፤ **ጌታአምላካችን አንድጌታ ነው፥**

3- Maatewos 27:46 " Gara sa'aatii salgaffaatti Yesus sagalee guddaadhaan, "**Elii, Elii** lamaa sabaktanii?" jedhee waammate; kunis, "**Waaqayyoko, Waaqayyoko** maaliif na dhiifte?" jechuutti in hiikama. " 27:46 በዘጠኝ ሰዓትም ኢየሱስ። **ኤሎሄ ኤሎሄ** ላማ ሰበቅታኒ? ብሎ በታላቅ ድምፅ ጮኸ። ይህም። **አምላኬ አምላኬ፥** ስለ ምን ተውኸኝ? ማለት ነው።

Qabxiiwwan ijoon Yohannis 20:17, Maarqoos 12:29 fi Maatewos 27:46 irraa nuti hubannu:-

1ffaa- Yesuus Waaqayyoo kootii fi Waaqayyoo keessanii Yeroo jedhu ifatti akka Waaqa akkuma namuu qabu innillee qabaachuu mulisa, keessattuu 'kootii' (Waaqayyoo kootii) jecha jettuun adda baasee addeesse. Kanaafuu Yesuus Waaqa qabaatuu fi Waaqni akka Waaqa hin qabne namni sammuun nagahaa kamuu ifatti beekaa jechu.

2ffaa- Keessattuu ragaan Maarqoos 12:29 akka ibsutti, Yesuus afaan isaatiin Waaqayyo keenya kophaa isaa goofta jedhee qabxii 2 ijoo ilma namaatii hime. Ta duraa Waaqayyoo keenya Yeroo jedhu, Waaqni uumaa birootii Waaqaa isaafis akka Waaqa ta'eef kan lammaffaa immoo Waaqni Yesuusiinille dabalatee uumaa hundaa Waaqaa akka kophama isaatti (kan Yesuusillee isa wojji gooftaa hin taane) gooftaa akka ta'e ifatti mullisa jechu.

3ffaa- Yesuus gaafa Yahuudonni isa ajjeesuuf jettu akka Waaqni isaa birmatuuf Waaqayyoo koo jedhaa akka Waaqni isaa tumsuu danda'utti iyyataa turee fi Waaqa Waaqeffatuu fi gaafa rakkoo tumsa irra barbaadu qabaatuu ifatti mirkaneessa jechuuudha

Eega gara samiitti ol bahee booda hoo Yesuus Waaqa qaba moo hin qabu laata? Mee ragaawwan armaan gadii haa ilaallu:-

4 Mul'ata Yohannis 3:2 " Ka'i, dammaqaas ta'i! Wanta hafee du'uuf jedhus jabeessi! Ani fuula **Waaqayyo koo** duratti hojiin kee fiixaan ba'uu isaa hin argine. " የዮሐንስ ራእይ 3:2 ሥራህን **በአምላኬ** ፊት ፍጹም ሆኖ አላገኘሁትምና የነቃህ ሁን፥ ሊሞቱም ያላቸውን የቀሩትን ነገሮች አጽና።

5 ↪ Mul'ata Yohannis 3:12 " Isa mo'u sana mana qulqullummaa #Waaqayyo #koo keessatti utubaa nan godha; isa keessaas matumaa hin

baafamu. Maqaa #Waaqayyo #kootii, maqaa mandara **Waaqayyo kootii**, Yerusaalem ishee haaraa ishee Waagayyo koo biraa waaqa keessaa gad buutu, maqaa koo isa haaraas utubaa kana irratti nan caafa." የዮሐንስ ራእይ 3:12 ድል የነሣው **በአምላኬ** መቅደስ ዓምድ እንዲሆን አደርገዋለሁ፥ ወደ ፊትም ከዚያ ከቶ አይወጣም፤ #የአምላኬን ስምና የአምላኬን ከተማ ስም፥ ማለት ከሰማይ ከአምላኬ ዘንድ የምትወርደውን አዲሲቱን ኢየሩሳሌምን፥ አዲሱንም ስሜን በእርሱ ላይ እጽፋለሁ።

Qabxiin ijoon Mul'ata Yohannis 3:2 fi 3:12 irraa hubannu, Yesuus erga gara samiitti Rabbiin ol isa fuudhee boodalle akka mul'ata kanaatti (mul'ata Yohannis jechuudhaa) akka Waaqa qabu ifatti nama hubachiisa. Mul'anni Yohannis seenaan inni dubbatu waan eega Yesuus gara samiitti ol bahe ta'uun beekamaadha waan ta'eef.

Kutaa 9ffaa

Waaqaa fi ilmi namaa amala tokko qabu moo amala garagaraa qabu?

Sammuu akkamiittu amala Waaqaa kan namaatiin wol fakkeessee, amala namaallee kan Waaqaatti fakkeessuu yaada?

Mee amaloonni (sifti) kunniin kan Waaqaati moo kan Yesuus jettanii yaaddu? 1 Ximotewos 1:17 mee ija qalbiitiin haa dubbifnuu!

1 Ximotewos 1:17 " **Mootii bara baraa, isa hin duune, isa ijaan hin argamne, Waaqayyo tokkicha** sanaaf baruma baraan ulfinnii fi guddinni haa ta'u! Ameen."

Mee Namoonni Yesuus Waaqa jettanii Amantan yookiin dhaadattan gaafiiwwan asii gadii nuuf deebisuu yaalaa:-

1ffaa - Yesuus mootii bara baraa jettanii yaadduu? Eeyyen yoo kan jettan taate, osoo Yesuus hin dhalanne dura hoo? gaafa inni garaa Mariyamii (Maariyaamii) keessa ture hoo? gaafa inni bultii 40 seexanaan qoratamaa ture hoo? gaafa akka isin yaaddanitti Yesuus du'e jettan san hoo eennutu mootii ture?

2ffaa- Waaqni dhugaa, Waaqa hin duune jedhaa, Yesuus akka isin yaaddanitti du'e jettuu akkamiin Waaqa jettanii yaaddu?

3ffaa- Waaqni dhugaa isa ijaan hin argamne jedhaa, isin garuu kan yeroo Yesuus dhalatee dachii irra turellee ijaan hin argine, suuraa Yesuus jettanii suuraa kijibaa laalaa jirtuu, mee akkamumaan Yesuus Waaqa jettanii yaaddu?

4ffaa- Waaqni tokko ta'uu cinaan amanaa, yeroma Yesuus Waaqa jettan , Waaqa fi Yesuus wolitti Waaqa Jechuu keessan moo

Waaqatu Yesuus geeddarame jechuu keessan moo Yesuusituu Waaqatti jijjiirame jechuu keessan?

Yoo Yesuusituu Waaqa ta'e kan jettan taate, Waaqni duraan Yesuus uume hoo maal ta'ee?

Qabxiin ijoon namuu beekuu qabu, Waaqni dhugaa, kan waaqeffatamutti haqa godhatu, isa uumaa hundaa uume Yesuusiinille dabalate jechu, mootii mootummaan isaa jalqabaa fi xumurallee hin qabne, kan hin duune, isa wonti tokkoo hin argin, Waaqa 3 hin taane tokkicha Yeroo hundaa kophaa isaa jiraatu, kan yoomuu hin geeddaramne kan Yesuusiille Waaqeffataa ture santuu Waaqa dhugaa kan yoomuu hin jijjiramne.

Gariin namaa Yesuus Waaqeffataa turuu mormuun ni mala mee ragaawwan asii gadii haa xiinxallinuu:-

1 Qorontos 15:28 " Wanti hundinuu ilma Waaqayyoo jala yommuu galfamu, **ilmi (Yesuus)** immoo ofii isaatii, Waaqayyo isa waan hundumaa miilla isaa jala galche **jala in gala**; akkasitti Waaqayyo karaa hundumaa waan hundumaa irra in ta'a." 1ኛ ወደ ቆሮንቶስ ሰዎች 15:28 **ሁሉ ከተገዛለት በኋላ ግን እግዚአብሔር ሁሉ በሁሉ ይሆን ዘንድ በዚያን ጊዜ ልጁ ራሱ ደግሞ ሁሉን ላስገዛለት ይገዛል።**

Qabxiin ijoon nuti 1 Qorontos 15:28 irraa hubannu, Yesuus Waaqa isa waa hundumaa miila isaa jala galche (jechuun Waaqa waa hundumaa isaa akka ajajamu fi abbomu taasise) jala ni gala (jechuun Yesuusuu ufii isaatii Waaqaaf ni abboma, waaqaa ni ajajama, Waaqa ni waaqeffata jechuudha). Kanaafuu gabbaramaan dhugaa isa wonti hunduu isaaf abbomu, kan Yesuusille isaaf ajajamu san ta'uu namuu beekuu qaba jechu.

Yesuusii fi Waaqni wolqixa jedhanii worrota amanuus ta'ee dubbatuu kan ragaa Yohaannis 10:30 (Abba fi ani tokko) fi Yohannis 1:1 dhiheeffatuuf deebii quubsaa

Nama sammuu nagahaa Ragaan muraasnuu ni gaha, mee dubbii Wangeela **Yohannis 14:28**, dubbii **1 Qorontos 11:3** wojjiin haa dubbisnuu kootta:-

Yohannis 14:28" 'Amma nan adeema deebi'ees isin bira nan dhufa' akkan isiniin jedhe dhageessaniittu; utuu na jaallattu taatanii, waanan gara abbaa dhaquuf in gammaddu turtan, **abbaan na caala'o, "የዮሐንስ ወንጌል 14:28** እኔ እሄዳለሁ ወደ እናንተም እመጣለሁ እንዳልኋችሁ ሰማችሁ። የምትወዱኝስ ብትሆኑ **ከእኔ አብ ይበልጣልና** ወደ አብ በመሄዴ ደስ ባላችሁ ነበር።

1 Qorontos 11:3" Amma immoo Kristos mataa warra dhiiraa, abbaan manaa mataa haadha manaa, **Waaqayyo mataa Kristos** ta'uu isaa,

akka beektan nan barbaada. " 1ኛ ወደ ቆሮንቶስ ሰዎች 11:3 **ነገር ግን የወንድ ሁሉ ራስ ክርስቶስ፥ የሴትም ራስ ወንድ፥ የክርስቶስም ራስ እግዚአብሔር** እንደ ሆነ ልታውቁ እወዳለሁ።

Qabxiiwwan ijoon ragaawwan 2 asii olii irraa hubannu (Yohannis 14:28 fi 1 Qorontos 11:3):-

1ffaa- Waaqni fi Yesuusi akka qixa hin taanee, Waaqni waan kamuu akka caalu, Yesuusiinille akka caalu hubanna.

Ragaan Yohannis 10:30 Anaa fi Abbaan tokko jechuun Waaqaa fi Yesuus wol qixa jechuu miti.

Jechi afaan Oromoo tokko jedhuu fi wol qixa jedhu waan garagaraati.

Fkn namni tokko anaa fi haati-manaa tiyya tokko yoo jedhee fi anaa fi haati-manaa tiyya wol qixa yoo jedhe hiika garagaraa qaba. Anaa fi haati manaa tiyya tokko jechuun wonti inni muldhisu tokkummaa qaamaa osoo hin taane tokkummaa akka sabaa, yaadaan, ilaalchaan, amalaan, maatii qarqaaruun, hirmaannaa hojiitii fi kan kana fakkaatniin tokko tahuu Muldhisa garuu anaa fi haati manaa tiyya wol qixa yoo jedhe immoo qaamaan, dheerinnaan, Sadarkaa barumsaatiin fi kan kana fakkaatuun tahuu muldhisa garuu haala kamuu keessatti anaa fi haati manaa tiyya wolitti ida'amnee nama tokkotti deebinee hin kennu. Kanaafuu Anaa fi Waaqni tokko jechuun Yesuus, Yesuusii fi Waaqni wolitti ida'amanii qaama tokko ta'uu jechuu osoo hin taane, Kaayyoon Yesuus hojjataa turee fi kaayyoon Waaqni Yesuusiin ergateef tokkoo. Hojiin Yesuus hojjatu kamuu kanuma Waaqni isa ajaje malee kan fedhii Yesuusiin dhuftee mitii jechuu mirkaneessa.

2ffaa- Ragaan 1 Qorontos 11:3 immoo wonti mirkaneessu, Akkuma mataan haadha manaa abbaa manaa ta'e (abbaan manaa hogganaa

haadha manaa ta'uu jechuu), mataan worrota dhiiraa Yesuus ta'e (Yesuus hooganaa ummata itti ergamee san jechu) akkuma san mataan Yesuus immoo Waaqa. (Yesuus Waaqaa mitii, Waaqa isa ergatetuu kan isaa olii, kan isa uumee isa ajaju, waan fedhe isa godhuu danda'utu jira) jechuu muldhisa. Akkuma seeraa herreegaa keessatti (A<B<C yoo jedhame, B=C jechuun sirrii hin taane, Waaqa fi Yesuus wol qixa jechuunille dogongora sammuun nama fayyaa qabuu hin fudhanne jechu.

Kutaa 10ffaa

Namni kan jiruu bara baraa argatuun maaliin?

Yaaqoob 2:17 " Amantiinis akkasuma, hojii gaariidhaan hinargisiifamu yoo ta'e, inni ofii isaatii **du'aadha.**" የያዕቆብ መልእክት 2:17 እንደዚሁም ሥራ የሌለው እምነት ቢኖር በራሱ የሞተ ነው።:

Yaaqoob 2:26 " Akkuma dhagni hafuurri keessaa #ba'e, du'aa ta'e akkasuma #amantiin #hojii #gaarii #hinargisiifne #du'aa dha." የያዕቆብ መልእክት 2:26 ከነፍስ የተለየ #ሥጋ #የሞተ እንደ ሆነ እንዲሁ ደግሞ #ከሥራ የተለየ #እምነት #የሞተ ነው።

Amantiin Yesuus maal ture? Ka Abraahamiitii fi kan Muusee hoo? Amantiin kee amantii sirrii kan Waaqaa ta'uu ragaan kee maali?

Namoonni tokko tokko Yesuus amantii hin qabu Yeroo jedhan dhageenna, mee dhugama Yesuus eega amantii hin qabaanne maaf Waaqaa halkan guutuu sagadaa (kadhataa) bula?

Luqaas 6:12 " Yeroo sanatti Yesus gara gaaraatti ol ba'ee, achitti halkan guutuu Waaqayyoon kadhachaa bule." የሉቃስ ወንጌል 6:12 በነዚህም ወራት

ይጸልይ ዘንድ ወደ ተራራ ወጣ፥ ሌሊቱንም ሁሉ ወደ እግዚአብሔር ሲጸልይ አደረ።

Hedduun namaa hiika Amantii jedhuu hin beeku. Mee dursa Amantii (Religion) jechuu fi Iimaana (Faith) jechuun hiikni isaanii maali?

1 ffaa- Religion: The English word "religion" is derived from the Middle English "religioun" which came from the Old French "religion." It may have been originally derived from the Latin word "religo" which means "good faith," "ritual,"

Oxford dictionaries: **Religion:**

1- The belief in and worship of a superhuman controlling power, especially a personal God or gods.

The Free Dictionary Religion:1- The belief in and reverence for a supernatural power or powers, regarded as creating and governing the universe:

2□ffaa- Faith Hiikni isaa maali?

In English Faith = religion/religious faith

Faith ➡□ is a strong belief in a supernatural power that control human destiny .

አማርኛ = ሀይማኖት / እምናት

Oromiffaan Amantii / Amanuu,Dhugeefachuu, Abdii / Abdatu

Qabxiin ijoon nuti asi irraa hubannu namni tokko Amantii hin qabu kan jechuu dandeennu, yoo namni sun waan itti amanuu fi waan waaqeffatu hin qabne qofa. Hubadhaa nama waan tokkottuu hin amannee fi homa tokkoo hin waaqeffannetuu amantii hin qabu jedhama. Yesuus waan itti

amanu qabaa? Ee Waaqa tokkotti amana waan taateef. Yesuus waan waaqeffataa ture qabaa? Ee Waaqa tokkicha isa uume kadhataa(sagadaafii) ture waan taateef. Kanaafuu Yesuus amantii qabaa? Ee shakkii tokko malee ni qaba. Maqaan Amantii Yesuus hordofaa turee hoo maal jedhama laata? Amantii Yesuus Kiristaanaa yoo jedhame danda'amaa? Amantiin Abraham (Ibraahim) Kiristaana yoo jedhame danda'amaa? Kiristaana jechuun maal jechu? Amantiin Kiristaanaa yoom eegalame? Deebiin gaafiiwwan kanaa akka armaan gadiitti dhihaata:-

1ffaa- 'Kiristaan' jechi jedhu:. jecha maal jedhamu irraa mogaafame?

Answer Christian ➡ drives from the #Greek #word '#Christos' (Oxford Dictionary)

Hiikkaan isaa Kiristaana ➡ jecha Griik, 'Kiristoos' jedhamu irraa kan mogaafameedha .

. Hiikni 'Kiristaan' jechuu hoo maal jechu?

Answer The word "Chritstain" literally means, belonging to the party of Christ or a followers of Christ . (www.gotquestions.org)

Hiikkaan Isaa Jechi "Kiristaana" jedhu, jecha jechaan yoo ibsamu, Woldaa Kirstiitii (Yesuus Kirstoosii) miseensa ta'u. Yookaa ammoo Hordoftoota Kiristii (Yesus Kiristoosi) jechu.

2ffaa- 'Kiristaana' maqaan jedhu maqaa eennuu mogaase?

Answer Followers of Jesus Christ were first called "Christians" in Antioch (Acts 11:26) because their behavior , activity and speech were like Christ. (www.gotquestions.org)

Hiikni isaas Hordoftoota Yesuus Kiristoositu, yeroo jalqabaatiif Anxokiyaa keessatti Kiristaana jedhamanii waamamanii.

Eennuun? Waaqaan moo? Miti Yesuuusiin moo ? Miti Ajaja Yesuusi Maqaa Kirstaanummaan mogaafadhaa jedheef moo? Miti Maaf ree?

Sababa amalli yookaan haalli jaraa, hojiin yookaan sochiin yookaan dalaggaan jaraa,, haasofni yookaan dubbiin/qaaqni jaraa

Kiristoos(Yesuus Kiristoosi) fakkaatuuf jedhanii (worroonni Yahuudaa) Kiristaanummaa mogaasaniif.

↪ Ragaan isaa Baayibilii keessaa eddoo meeqatti argama?

Hojii Ergamootaa 11:26 Yeroo isa argatettis, gara Anxokiyaatti isa fide; waggaa sana guutuu waldaa sanaa wajjin wal arganii, namoota danuu barsiisaa turan. Bartoonni jalqaba duraa Anxokiyaatti Kristiyaanota jedhamanii waamaman.

HUBACHIISA

Moggaasni maqaa Kiristaanummaa, Waaqaan yookaa Yesuusiin osoo hin taane, Hordoftoota Yesuus jedhamee Namoota yaadamuun, Anxokiyaa keessatti yeroo jalqabaatiif mogaafame.

Ragaan moggaasa isaallee eddoo tokko qofatti argama, sunisi Hojii ergamtootaa 11:26 yoo ta'u Jechi Kiristaana jedhu Kakuu haaraa (New Testament) keessatti eddoo 3 qofatti argama. SUNIS↪ Hojii ergamtootaa 11:26, Hojii ergamtootaa 26:28, Phexiros Isa Duraa 4:16 Keessatti qofa dubbatame.

Kana jechuun, Kiristaanummaan Amantii Waaqni yookaa Yesuus mogaase yookaa filate yookaa jaalate osoo hin taane, moggaasa yeroo jalqabaatiif Anxokiyaa keessatti (Worroonni Yahuudotaa) namoonni Hordoftoota Yesuus jedhamanii yaadaman waamanii fi namoonni Gara garaa woliin jedhan qofa ta'uu ragaa hayyoota gara garaa irraa argannee fi Baayibilii keessa arganne ibsa.

Kanaafuu Kiristaanummaan Amantii Waaqni filate yookaa jaalate yookaa Amanti Waaqni ilma namaa irratti uume akka hin taane #hubanna jechu.

Amantiin Rabbiin filate yookaa jaalate, Amantii tami beektuu?

Namni kamuu Amantiin inni hordofu sun amantii sirriiti/dhugaa, Amantii Waaqaati/Rabbiiti, Amantii Caaltu jechuu yaada yookaa amana. Garuu wonti nama dinqisiisu tokko, Amantii Islaamaa malee amantiin ragaa qabdu takkallee hin jirtu.

Islaamummaan Amantii Rabbiin filate/jaalate ta'uu yoo beekuu feetan, Surah Al-Ma'idah suuraa 5, verses: 3 (5:3) dubbisa "Amantii keessan har'a isiniif guuteera, ni'imaawwan kiyyas isin irratti guuteera Amantiis Islaama isiniif jaaladheera."

ዛሬ ሃይማኖታችሁን ለናንተ ሞላሁላችሁ፡፡ ጸጋዬንም በናንተ ላይ ፈጸምኩ፡፡ ለእናንተም ኢስላምን ከሃይማኖት በኩል ወደድኩ፡፡

Namni Islaamummaan ala Amantiin Rabbii/Waaqni filate/jaalate ni jira jedhee ragaan dubbatu ni jiraa?

Mee Ragaa qabatamaa tokko namni qabdan jirtuu? Yoomuu hin argamu jechuudha.

Namni Amantii Islaamummaatiin ala Amantii biroo barbaadu yookaa hordofu hundi guyyaa boruu worra hoongoo akka ta'e beektuu?

Surah Al-Imran verses: 85 (3:85) Namni Islaamaa aan alatti amantii barbaade isarraa hin qeebalamu Aakiraattis inni warra hoonga'an irraayi.

ከኢስላም ሌላ ሃይማኖትን የሚፈልግ ሰው ፈጽሞ ከርሱ ተቀባይ የለውም፡፡ እርሱም በመጨረሻይቱ ዓለም ከከሳሪዎቹ ነው፡፡

Kanaafuu, Namni guyyaa boruu hoongahuu hin barbaanne Yeroon gara Amantii Rabbiin filate (Islaamaa) koottaa.Sirrii mitii dubbiin kun yoo ka jettan taate, ragaa wojji mee Amantiin Rabbiin filate ta beektan (Islaamumman ala) ragaa wojji nuuf himaa dandeettu?

Malaan yoo dubbattan malee ragaan gonkumaa dubbachuu hin dandeettan. Malaan deemuun hara'aaf bareedaa fakkeessee sheeyxanni nama sobaa jira malee , guyyaa boodaatiif akka hoongoo taate namni sammuun fayyaa ni beeka.

Islaamummaan amantii Nabiyyootaa kan akka Nabi Ibraahim ta'uu yoo beekuu feetan

Suuraa 3:67 Ibraahiim yahuudas kiristaanas hin taaneGaruu inni Muslima qajeelaa ture Inni mushrikoota irraas hin taane. ሱረቱ አሊ-ዒምራን - 67 ኢብራሂም #ይሁዳዊም #ክርስቲያንም አልነበረም፡፡ ግን ወደ ቀጥተኛው ሃይማኖት የተዘነበለ #ሙስሊም ነበረ፡፡ ከአጋሪዎችም አልነበረም፡፡

Akkuma wolii galaatti, ilma namaa kamuu gara amantii Rabbiin filate, amantii Nabiyyootaa taate (amantii Yesuus, amantii Abraaham) amantii dhugaa koottaan affeerraa keenna.

Jallataa hunda Rabbiin haa qajeelchu.
By: XR